# 37. GOLOLA GALGALAA KHA MUUMMEE

**Luka 22:1-22; Matayo 26:26-30; 1 Korintho 11:23-25**

Qaalole gugurdofi jari Seera beekhu kara Yesoni ijeesani barbaadani. Jennaani Sheet'ani Yuda ka Iskariote jed'ani, ka jara kud'ani lama kaani keesa jiru, seene. Inni deeme, jaarole gugurdofi worra gugurda askartiti dubbate aka Yeso harka worrati kennu. Worri gammade, aka hori isaa kennani wold'aqani. Inni wa

Guyyaani Jila Pasakaa gennani, Yesoni jara ufi erge akka worri deeme sagale Jila Pasakaa qop'eessan. Inni waan jed'e, "Anin ato na hingaargalchinu, akka sagale Jila Pasakaa isan woliin nyaad'u fed'a. Anin haga Mootumman Waaqa guutamtuuti iti deebie hinyaad'u. Ammo isan keessa nama tokkoti na gurgurata. Akka yaada Waaqa gula Ilmi Nama induaa, ammo badii akkam hamtuu taha, nama isa gurguratuu!"

Jari isa dallane wolgaafate waan jed'e, "Atin na baanuti hinjirtuuyu? Goofta, nami suni eennu?" "Jara kud'ani lamaan keessa nama tokko, kha na waliin harka qorii keessa keyyachuuti jiru."

Eegi sagale Jila Pasakaa nyaatani, Yesoni qit'a fuud'e, galata deebise, ch'ach'abse, jara ufiti kenne waan jed'eeni, "Kunini nafa kiyya, ka isanii jed'ani baasani. Waan kana tolchaa na qaabad'a." Mudunu fuud'e, galata deebise, worrati kenne waan jed'eeni, "Isaniini ch'ufti d'uga. Kunini d'iiga kiyya ka wold'aqisa haraa, ka nama hedduu jissani, aka daba nama araaramani."

Eegi qit'aafi muduunu qoodatani, kha Yudallen deeme, Yesoni, "Isan ch'ufti na lakkiftani. Ammo anini eegi duisa keesa kahe, Galilayati isan arga." Duuba jari isa guddo laalefate. Eegi Jila Pasakaa, worri sirba tokko sirbe. Duuba dira Yerusalemu keesa bahani, oobru Gaara Ejersa d'aqani.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Gololii Aabboo kunini waan akkami siti fakkaata? Yo kheeti, maafi man Waaqa keesati waan kan tolchina? **<u>ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -</u>**

**<u>Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?</u>**

- **Oduun tunini kara kamiini humna Waaqa (Yeso) nu garsiifti?**

  - Waaqi guddaa, gaargala Yeson marro ch'ubbuu teenaatifi gaargale irralleeti.

- Akki Yudaani Yeso mormate, yaada Waaqi lafan baasu fed'u keesa tokko. Guddinna isaatin, Waaqi yo gari, Sheet'anaalle akka inni hujii hamtuuti nama harkisu, Waaqi qoommi kennaafi, ammo inni yaada isaatifi, dansooma keennafi, marro guddinna isaatifi waan kana ch'ufa tolcha. Yesoni humna gulyaatota isaatin ajajuuni qaba.

- **Oduun tunini kara kamiini beekumsa Yeso nu garsiifti?**
  - Inni akka gaargale du'e ammalle duisa keessa kau imbeekhe.
  - Inni akka Yudan isa gurguratu imbeekhe. Inni waan Shet'ani hojjate imbeekhe.
  - Inni akka jari isaalleni isa jala dachau imbeekhe.
  - Inni akka araari ch'ubbuu kara gaargala isa ch'allaani tau imbeekhe.
  - Inni waan jed'e, "Haga anini Mootumma Waaqa keesati isan waliin nyaad'utti" jed'e. Inni akka jabeenna Waaqatiin duisa keesa kau imbeekhe. Inni akka eegi duisa keessa kae, jara isaatin wolargu imbeekhe.
- **Oduun tunini qulqullooma Waaqa nu ingarsiifti?**
  - Dallansuu Waaqa ta marro ch'ubbuu nama, duisa Yesotiifi d'iiga inni jisse ch'allaati ittisu dandaa. Isa ch'allaa kha sorioo d'ugaa ammalle qulqulliti tau. Yesoni akka gaargalu fud'ate.
  - Yeson waan jed'e, "Badii nama Ilma Namaa gurguruuti." Ch'ubbuu kha inaadaabin hinlakkisani.
- **Oduun tunini kara kamiini tola eebba Waaqa nu garsiifti?**
  - Yesoni akka nafa isa ch'ach'absani d'iiga isa jissani ufkenne akka araarama ch'ubbuu argannu.
  - Inni akka waan duisa isa jara isa barsiisu qit'aafi daad'ii woraa kenne, akka nulleen sorio isa qaabannu haga d'ufaansa isaa.
  - Akkuma Yesoni Qit'aa Jireenna tahe, akkasuma Gololii Aabboo hafuura keessa nu jabeesse waan Yeson Fanno irraati nuu tolche nuqaabsisa. Gololii kunini kha ch'ubbaleyiiti.
- **Oduun tunini amanamumma Waaqa nu ingarsiifti?**
  - Gololii Aabboo Jila Pasakaatifi kakhuu Waaqa ta Baasaa nu qaabsisa. Yesoni Ilme Oola Waaqa kha d'ugeefatamee kha Wold'aqiisa Dullacha keessati sorion qulqulliti akka akaatifi jilti Pasakaalen isa akheetu. Inni Ilmee Olaa ta gaargalchani ta Isayan irra fage.
  - Kitaaba keessati, daad'iini fakeenna d'iigaati.
  - Yesoni waan Kakhuu Haaraa dubbate, ta waan barsiisa Yeremiaa nu qaabsiftu.
  - Yesoni kara nu dandeenne waan inni nuu tolchefi isa qaabannu nuu kenne.

**<u>Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?</u>**

- Akki Yudaani ilaalacha seene, akka ilmeen nama ch'ubbitii garsiifti. Ato ganna sadii Yeso waliin jiraatellee, inni ind'ugeefanne. Onneen isa d'iibaa Sheet'ana gula deemte. Inni fakkeenna nama, ato jireenna amantaa keessa fidamu, yo sila Waaqa hintain baduuti.

- Yesoni akka jari isa ch'ufti isa jala dachau qara hime. Worri ch'ufti lallaafoo kha qarqaarsa hinqamne. Worri tokolleen jabeenna gaargala Yeso keesati isa waliin ejjatan hinqabaanne.
- Nami ufi baasu hindandau.

**<u>Oduun tunini akka nami gara Waaqa d'ufu, irra maan nu barsiifti?</u>**

- Nami kara Yesoni nafa isaatifi d'iiga isa kenne ch'allaan araara argachuu dandaa.
- Nami sorio Kristooti d'ugeefate akanaani gara Waaqa d'ufa. Gololi Aabboo akka nu d'ugeefacha teenna qaabanne ammalle jabeefannu nu qarqaara. Nami dandae d'ugeefacha ufii inuumatu. D'ugeefachaallen kennamsa Waaqati.
- Akka worri gana isa mormatu worraati himuuni, qoommi marro ch'ubbu worraatifi araara galani, duuba d'ugeefacha worra lalaaftu irra debiani.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>** :

- Yesoni waan jara isaatin jed'e, "Isaniin ch'ufti na jala dachaatani, ammo eegi anini duisa keessa ka'e, Galilaayati isani arga." Jecha kana keessa, waan keennafi waan Waaqa irra maan baranna? Waan jigaansa, maan baranna?
    - Yesoni akka nu ch'ubbu tolchine, marro heddu isa mormannu imbeekha, ammo waan harki isa nu gubba jiruufi, nu hillakisu, nuu araarame ammalle durumaati deeme nuuni hojjate nu waliin jiraata- waan inni due ammalle duisa keessa kaeefi. Nu hinjibaatu ammo durumaati deeme huji dansa nukeessati jalqabe hojjata.

- Wonti Yeso fannisaniifi akka nu wold'aqiisa Waaqa waliin qabaannu. **Nu kara kamiin dandeenne wold'aqiisa Waaqa waliini qabaanna?**
    - Kara Dubbi Waaqatiini, kara kad'achaatin, kara Waaqefannaatin, kara Golola Aabbootin.
- Yesoni akka nu guyya tokko gubbaatii isaan wolwoldeennu layyu nuu kakhate. Akka atin achiiti isa waliin jiraatu, maantu sii mirkaneessa? Yo nu tunini nuu mirkanoofte, kara kamiin wonti kunini akka nu guyya guyyaani jijiiramnu nu qarqaarti?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti ):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Akka araarama sii kennu, waan Yesoni kees bahe heddu herregi. Kennamsa kana kara d'ugeefacha Yesotin layyu fud'ate? Maafi kennamsa dansa kana guyya arra fud'achuu malte?
- **Atin kara kamiini dandeete, kara Waaqi nuu kenne kha isaan wold'aqan, kees guddanna? Atin kara kamiini akka inni si jijiiru feeta?**